

Kuusaa Walalөө
Yidnaqaachөө Warquu
/Kaachaalluu/

tg:- @Walalөөn_Jaalala
fb:- @WalalөөnJaalala

#Sin_Eega

Turtus,
Daftee Dhuftus
Sin Eega
Har'as Bɔrus

Ani Sin Eegaa
Kɔɔttu Yerɔɔ Feetee
Onneen Si Simattii
Harkashee Bal'iftee

Kɔɔttu An Sin Eegaa
Abdii Hin Kutinii
Yaada Jijjiirtetɔɔ
Narraa Hin Hafinii

Kɔɔttu Yerɔɔ Feetee
Onneen Kɔɔ Kan Keedhaa
Ulaan Laphee Kɔɔtii
Si Qɔfaaf Banaadhaa

Kɔɔttu Sin Eegaa

#Dungɔɔ_Kɔɔ

Dhugaa Dubbachuudhaf
Ati Kaanin Addaa
Akka Samiif Lafaa
Akka Lafoof Fardaa

Daangaa Jaalala Kee
Namuu Biran Ga'uu
Akka Kee Eenyumtuu
Dhala Namaan Ta'uu

Sin Ibsa Yoon Jedhuu
Jechi Na Hanqataa
Callisee Taa'udhaaf
Raajii Natti Taataa

Dungoo Kooti Ati
Ibsituu Dukkanaa
Ofii Keetif Dhumtee
Anaaf Ifa Kennaa

Daawwitii Kooti Atii
Ofan Laala Siinii
Ormi Irra Keessaa
Akka Keen Ta'anii

Soora Kooti Ati
Hundee Jireenya Koo
Dawoo Kee Jalattii
Takkaan Argu Rakkoo

Onnee Kooti Ati
Calaltuu Kiyya Dhiigaa
Waa'ee Olmaa Keetii
Rabbiyyuu Naaf Ragaa

Amman Jechuu Qabu
Kumaatama Keessaa
Jechi Si Madaaluu
Hin Argamu Tasaa

Dungoo Kooti Ati
Ibsituu Dukkanaa
Ofii Keetiif Dhumtee
Anaaf Ifa Kennaa

#Mee_Naaf_Kokkolfii

Muufattee yoo deemtu
Onneet na rifataa
Fuula yeroo guurtu
Ijat na diimataa

Yeroo at gadditu
An si waliin gaddaa
Waan biraatii mitii
Kolfa keen barbaadaa

Mee naaf kɔkkɔlfii
Gammadii naa taphadhuu
Ofii keef gammadii
Gammachuu naaf laadhu

#Yaa_Jaalatɔɔ

Yaa jaalatɔɔ
Ishee fagɔɔ jirtuu
Halkaniifi guyyaa
Onneen kan siif dhumtuu

An si yaadun ala
kanan hɔjiin qabnee
Jaala tɔɔ akkami
Mɔɔtii tiyya ɔnnee?

Waa'ee keen abjɔɔtaa
Hiikɔɔn isaas simaa
kiilɔɔn kiyya kunɔɔ
Yaada keetin dhumaa

An takkaan dagadhuu
Waa'ee kiyyaaf kan kee
Narraa fagɔɔ taatus
Jiraattullee bakkee
Ani takkaan beekuu

Tasumaa si shakkee

Yaa jaalallee tiyya
Ishee fagoo jirtuu
Jiraadhu naaf nagaan
Hunduu siif yaa guutuu
Angoo onnee koorraa
Yoomiyyuu hin buutuu

#Wal_Yaa_Jaalannu

Maalif Wal Jibbinaa
Akka Ilmoo Diinaa
Nama Ta'uuniyyuu
Nutu Walitti Aanaa

Homtuu Nun Hir'atuu
Otoo Wal Jaalannee
Hunduu Nagaa Ta'aa
Jibba Yoo Jibbinee

Nutiif Wal Jaalachuun
Mallattoo Yaa Ta'uu
Umriin Nuti Qabnu
Wal Jibbuf Mitii
Wal Jaalachuufu Nun Ga'uu.

#Egaa...

Bishaan Si Obaasnan
Hadhoofftuu Naaf Laattee
Gaaddoo Kee Siif Taanan
Aduu Natti Baatee

Olmaan Jaalala Koo
Jibba Taanan Booddee
Har'a Narraa Hafi
Natti Hin Dhufin Sobdee

Ta'i Akka Jette
Ta'e Bara Baayyee
Waa Tokko Sin didnee
Hundumayyuu Hayyee

Kana Hunda Yoon Godhu
Jaalalarraan Ka'ee
Kan Kee Garuu Dhumni
Deemuf Dhufuu Ta'ee

Turi Narraa Egaa
Ga'a Wanti Martuu
Dhumnishee Gaddumaa
Duruu Wanti Yartuu

Yaada keessan naan ga'aa.
Telegram:- @Kaachaalluu
Facebook:- @Kaachaalluu

Hora ***Bulaa!***